BARNOOTA

AFAAN OROMOO

Kitaaba Barataa

Kutaa 8 ffaa

አዲስ አበባ ከተማ አስተዳደር ትምህርት ቢሮ
BIIROO BARNOOTAA BULCHINSA MAGAALAA FINFINNEE
ADDIS ABABA CITY ADMINISTRATION EDUCATION BUREAU

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee

HUBACHIISA

KITAABA KANAAF OF EEGGANNOO CIMAA TAASISI!

Kitaabni barattootaa kun qabeenya mana barumsaa keetiti.Qabeenyi mana barumsaa keetii immoo kan kee waan ta'eef, akka hinbadne ykn hinmiidhamne kunuunsuu qabda. Kanaaf, kitaaba kana kunuunsuuf wantoota armaan gadii raawwadhu.

1. Kitaabicha waraqaa, laastikaafi wkf haguugi.
2. Kitaabicha yeroo hunda bakka jiidha hinqabneefi qulqullina qabu kaa'i.
3. Yemmuu fayyadamtus harki kee qulqulluu ta'uu mirkaneeffadhu.
4. Qolas ta'ee keessa kitaabichaatti hinbarreessin.
5. Fuula kitaabichaa tarsaasuun ykn fakkii kutanii keessaa baasuun dhorkaadha.
6. Fuulli tarsa'e yoo jiraate suphi.
7. Kitaabicha yemmuu korojoo kee keessa keessuufi baaftu akka hintarsaane of eeggadhu.Yeroo namoota biroof ergiftu of eeggannoon akka qaban akeekkachiisi.
8. Fuula kitaabichaa bantee garmalee harkisuun qola isaas ta'ee, fuula kitaabichaa miidhuu waan danda'uuf, akka ija keetti eeggadhu.

Barnoota Afaan Oromoo
Kitaaba Barataa
Kutaa 8ffaa

Qopheessitoonni:

Araarsaa Kabbadaa Bayyanaa (MA)

Caalaa Tarrafaa Mul'ataa (MA)

Dhugaasaa Hirphaa Nagaasaa (MA)

Gulaaltonnii

Hayiluu Lammeessaa Wadoo (MA)

Tashoomaa Qanaasaa Tolosaa (MA)

Madaaltuun:

Yewubdaar Ayyaaleew (BA)

Qindeessaa: Roobii Waamii (MA)

Giraafiksii: Kolleejjii Pooliteeknikaa Inxooxoo

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee

Bara 2014/2022

Finfinnee

Mirga Abbeentaa

©Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee

Maxxansa Jalqabaa 2014/2021

Mirgi abbeentaa gama suuraawwanii, fakkiiwwanii, dookimentootaafi meeshaalee kanneen biroo akkasumas, odeeffannoofi ragaalee isaan of keessaa qaban waliin kan dhiyaate yoo ta'u, mirgichis waggoota shaniif hojiirra oola.

Mirgi hunduu seeraan eeggamaadha. Eeyyama barreeffamaan Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee irraa kennamuun ala, kitaaba kana irraa hir'isuun, itti dabaluun, gamisaan ykn guutummaatti maxxansiisuun, waraabanii raabsuun dhimma dhuunfaafis ta'ee hawaasaaf oolchuun dhorkaadha. Kanaafuu, eeyyamni seeraan osoo hinkennamin gochawwan kanarratti bobba'uun seeraan nama gaafachiisa. Labsii Gaazexaa Nagaariita Federaalaa lakk.

410/2004, Labsii Ittisa Mirga Abbeentaafi Kanneen Isaan Hidhata qaban, Waggaa 10ffaa, Lakk. 55, Finfinnee, Adoolessa 12, 1996 (July 19,2004).

Daangaa Mirga Abbeentaa

Hanga danda'ametti, mirgi abbeentaa meeshaalee kitaaba kana keessatti dhimma itti bahaman eeruu yaallee jirra. Kanneen akka tasaa bira darbamaaniif immoo dhiifama jechaa, maxxansa itti aanu kamiyyuu keessatti galateeffachuuf qophaa'oodha.

Galata

Qophii Kitaaba Barnoota kana jalqaba irra kaasee bifa adda ta'een fi fakkeenyummaa qabuun akka hojjatamu muuxxanoo fi gahumsaa geggessummaa olaanaa qabaniin yaada marii burqisiisuu, yaada fooyyaa'a qophii kana milkeessu dhiyeessuun yeeroo jalqabaatiif akka Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetti kitaabni barnoota barsiisotaan akka qophaa'u murteessuu, baajeta eeyyamsiisuu fi naamusa gaariidhan hogganamee akka xummuraaf gahu kan taasisan Hogganaa Biiroo Barnootaa Bulchiisa Magaalaa Finfinnee *Obbo Zalaalam Mulaatuu* galata guddatu isaaniif mala.

Hojiin keenya akka milkaa'uuf Yeeroo hundumaa hoggansa kennuu, rakkoowwan numudatan battalatti furuu, raawwii qophii kitaabaa hordofuu fi gamaaggamuun nu jajjabeessaa kan turan Itti Aanaa Hogganaa Biiroo Barnootaa fi geggeessan Sirna Barnootaa *Obbo Adimaasuu Dachaasaa*, Hogganaa I/A Biiroo *Obbo Saamson Mallasee*, Hogganaa I/A Biiroo *Obbo Daanyoo Gabruu* I/G/Waajjira Biiroo *Obbo Sisaay Indaalee*, Goristuu waliigalaa Hogganaa Biiroo *Addee Abbabach Nagaash* fi Gorsaa Teekinikaa *Obboo Dasitaa Marishaa* gahee ijoo ta'ee ba'achuun xiyyeefanno hojichaaf kennanii nu bira dhabbachuun nu jajjabeessa fi rakkoof furmaataa kenna waan turaniif galatatu isaaniif mala.

Dhuma irratti qophii kitaaba barataa fi qajeelcha barsisaa jalqabaa hamma dhumaatti deeggarsa barbaachisuu gochuun hojiin kana caalu hin jiru jechuun milkaa'ina agrame kan tumsan *Hooggantoota mana barumsaa* galata qabdu.

Qopheessitoota Kitaabaa

BAAFATA

Mata Duree	Fuula
Seensa	III
Boqonnaa Tokko: Naamusa Hojii	1
Boqonnaa Lama: Hambaa Aadaa	17
Boqonnaa Sadii: Duudhaalee Dhala Namaa	34
Boqonnaa Afur: Asoosama Gabaabaa	45
Boqonnaa Shan:Heddummina Uummataa	56
Boqonnaa Jaha: Gammoojjummaa:	68
Boqonnaa Torba: Qisaasama Humna Daa'immanii	80
Boqonnaa Saddeet: Nageenya:	93
Boqonnaa Sagal: Haala Qilleensaa:	105
Boqonnaa Kudhan: Diraamaa:	117

Seensa

Afaan meeshaa walqunnamtiifi ibsituu eenyummaa ta'uun gahee inni jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qabu olaanaadha. Kanaafuu, hawaasicha irraa adda ba'ee bu'aa buusuu hindanda'u. Kaayyoon barnoota afaanii dandeettiiwwan afaanii (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, fayyadama jechootaafi seerluga) barattoonni akka gonfatan gochuudha. Kanuma bu'ureeffachuun, kitaabni barattootaa gosa barnootaa Afaan Oromoo Kutaa 8ffaakunqabiyyeewwansadarkaakanaafbarbaachisanammadanda'ametti kan hammatedha.Kana galmaan gahuufis, barannoowwaniifi gilgaalonni garaagaraa kitaabicha keessatti dhiyaatanii jiru. Haalli dhiyeenya gilgaalota kanaas kallattiidhaan jiruufi jireenya guyyuu barattootaa giddugaleessa kan taasifateefi akka si'aayinaan irratti hirmaatan kan kakaasudha.

Kanaafuu, kaayyoo barnoota kanaa galmaan gahuuf adda dureen shaakala walitti fufaa gochuu kan qaban barattoota waan ta'aniif, gahee isaanirraa eegamu

ba'uu qabu.

BOQONNAA TOKKO
NAAMUSA HOJII

Kaayyoowwan: Xumura boqonnaa kanaatti:

- Afee (dubbisa) dhaggeeffachuuf dhiyaate sirriitti dhaggeeffachuun deebista.
- Gilgaalotaaf deebii kennita.
- Yaad-rimee naamusa hojii ibsita.
- Yaada haaraa abuuruun barruu tokko qopheessita.
- Agarsiistota naamusa hojii mul'isan agarsiista.
- Caasaa afaan dhalootaa fudhatama qabutti fayyadamta.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeefachuun Duraa



Fakkii 1



Fakkii 2




Fakkii 3




Fakkii 4



Fakkii 5



Fakkii 6



Fakkii 7

A. Gaaffilee kanaan gadii fakkii olitti dhiyaate irratti gareen mari'achuun deebisaa.

1. Fakkiilee kana irraa maal hubattan?
2. Namoonni fakkiilee irratti mul'atan maal hojjechaa jiru?
3. Akka fakkiilee kanneen irraa argitanitti waa'ee naamusa hojii maal hubattan?

B. Hiika jechoota kanaa gadii gareen tilmaamaa.

1. milkaa'ina
2. dinagdee
3. xiyyeeffatu

Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Barreeffama barsiisaan/-tuun keessan si'a lama isiniif dubbisan dhaggeeffachaa iddoo duwwaa isiniif kenname irratti jechoota galuu qaban guutaa.

1. Hojii _____, _____ keessoo keenya irratti hundaa'a.
2. Hojii_____dhiifnee carraa argametti fayyadamuun hojii uummannee_____fi_____keenya jijjiiruun_____barbaachisu fiduun nidanda'ama.

Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Gaaffilee kanaa gadii dubbisa barsiisaan/-tuun keessan isiniif dubbisan erga dhaggeeffattanii booda afaaniin deebii kennaa.

1. Qabxiileen hojii uummachuun irratti xiyyeeffatu maal maal fa'i?
2. Ergaan dubbisa dhaggeeffattanii maali?

Barannoo Lama: Dubbisuufi Dubbachuu

Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen erga mari'attanii booda afaaniin deebii kennaa.

1. Naamusa hojii jechuun maal jechuudha?
2. Naamusa hojii eeguun faayidaa maal maal fa'a qaba?

Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

Gaaffilee armaan gadii saffisaan dubbisuun deebii kenni.

1. Agarsiistota naamusa hojii tarreessi.
2. _____n beekumsaafi muuxannoo dhuunfaanis ta'ee gareen horatame fayyadamuun galma ga'iinsa hojichaaf shoora qaba.
3. _____n hojii hojjechuuf karoorfanne sana nan danda'a jedhanii kutannoon itti seenuudha.

Naamusa Hojii

Naamusa hojii jechuun hojii tokko osoo hintuffatiin yeroo hojichaa kabajuufi namoota waliin walii galuun qulqullinaafi gahumsaan hojjechuudha. Hojiin kamiyyuu naamusa mataa isaa danda'een raawwatama. Fakkeenyaaf, hojii hojjennu hunda keessatti yeroo kabajuu, hojii tuffachuu dhiisuu, waliin dalaguu, hojii kalaquu, ofitti amanamummaa qabaachuufi iftoominaan hojjechuun barbaachisaadha. Hojiin wabii jireenyaa waan ta'eef, namoonni hundi naamusa hojii kabajuun hojjechuu qabu. Hojiin kabaja yemmuu jedhamu, hojiidhaaf xiyyeeffannoo kennuun galma barbaadamu bira gahuudhaaf karaa saaqa jechuudha.

Namoonni yeroo baay'ee hojii dhabne yemmuu jedhan nidhagahama. Haata'u malee, namoonni hojii kalaquu nidanda'u. Hojii kalaquu jechuun harka marannee taa'uu osoo hinta'iin naannoo keenyatti maal akka hojjennu hubannee itti yaaduudhaan murteessinee hojii uumuu jechuudha. Hojii kalaquudhaaf duraan dursinee maal akka hojjennuuf wixinee baasnee irratti amantii qabaachuu qabna. Namni, "hojjechuun qaba," jedhu tokko beekumsaafi humna qabuun, hojii hojjechuu danda'u ni uuma. Hojiidhaan beekumsaafi muuxannoo yoo gabbifatan immoo hojii haaraa adda addaa uumuun nidanda'ama. Hojii kalaquu kan qabu nama hojii hinqabne qofa jedhanii yaaduun sirrii miti. Namoonni hojii qabanillee hojii dabalataa uummachuun barbaachisaadha. Hojii uummachuun galii fooyyeffachuu, boqonnaa sammuu argachuun jireenya mijataa jiraachuufi kanneen kana fakkaataniif gargaara.

Naamusa hojii keessaa inni biroon yeroo kabajuufi waliin hojjechuudha. Yeroo kabajuun hojii hojjennu sana galmaan gahuuf murteessaadha. Kana jechuun hojii hojjennu tokko yeroo karoorfanne keessatti akka xumurru nugargaara jechuudha. Akkasumas, waliin hojjechuun beekumsaafi muuxannoo dhuunfaadhaanis ta'e gareedhaan horatame fayyadamuun galma gahiinsa hojichaaf shoora qaba.kkasumas, hojii yommuu hojjennu ofitti amanamummaa qabaachuu qabna. Ofitti amanamummaan hojii hojjechuuf karoorfanne sana nan danda'a jedhanii kutannoon itti seenuudha. Iftoominni ammoo adeemsa hojichaa keessatti karaa loogii irraa bilisa ta'een raawwachuudha.

Dabalataanis, naamusa hojii eeguun faayidaa garaagaraa qaba. Isaanis: yeroo karoorfametti hojicha xumuruuf, hojii tokko bu'a qabeessa gochuuf, namoota waliin walii galuufi madda galii fooyyeffachuuf nigargaara.

Walumaagalatti, hojiin hojjetamu kamiyyuu naamusa eeguun yoo hojiirra oole, bu'a qabeessa ta'a.

Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Dubbisa armaan olitti dubbiste irratti hundaa'uun himoota yaada sirrii ta'e qaban "Dhugaa" kan yaada sirrii hintaane qaban immoo "Soba" jechuun deebii kenni.

1. Hojiin kamiyyuu naamusa hojii eegee raawwatamuu qaba.
2. Yeroo kabajuun agarsiiftuu naamusa hojiiti.
3. Waliin hojjechuun milkaa'ina hojii tokkoorratti miidhaa qaba.
4. Naamusa hojii keessatti iftoominni hinbarbaachisu.
5. Hojii kalaquun naannoo keenyatti maal akka hojjennu hubannee itti yaaduudhaan murteessinee hojii jalqabuudha

Barannoo Sadii: Barreessuu

Gilgaala 7: Shaakala Barreessuu

A. Akka yaada dubbisichaatti gaaffilee armaan gadii barreessuun deebii kenni.

1. Faayidaan hojii uummachuu maal fa'a?
2. Waliin hojjechuun haala kamiin galma gahiinsa hojii tokkoof gumaacha?
3. Hojii tuffachuu dhiisuun bu'aa maalii qaba?
4. Ergaan dubbisichaa maali?

Yaadannoo

Barruu

Barruun qindoomina keeyyattootaa mata duree tokko irratti dhiyaataniiti. Kunis odeeffannoo bal'aa kan kennu ta'ee, keeyyattoonni sadiifi isaa ol walitti dhufuudhaan barruu ijaaru. Barruun tokko caasaalee sadii qabaachuu qaba. Isaanis: keeyyata seensaa, keeyyata qaamaa/ibsaafi keeyyata goolabaa/ guduunfaa kan of keessaa qabudha.

Keeyyanni seensaa ijoo barruu barreeffamicha keessa jiran hunda kan hammatudha. Kunis, keeyyata qaamaa keessatti babal'atee keeyyata goolabaa keessatti kan xumuramuudha. Keeyyanni qaamaa, ijoo barruu keeyyata seensaa

keessatti barreeffame bakka itti gadi fageenyaan ibsamudha. Keeyyanni goolabaa immoo barruu tokkoof xumura cimaa ta'e kenna. Kunis, hidhaa barruu ta'uun yaada guduunfuufi cimsuun kan raawwatudha.

B. Mata dureewwan armaan gadii keessaa tokko filachuudhaan barruu tokkobarreessuun hiriyoota daree keetiif dubbisi.

A. Hojii Uummachuu

B. Qulqullina Naannoo

C. Faayidaa Barnootaa

D. Biqiloota Dhaabuu

Barannoo Afur: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 8: Shaakala Hiika Jechootaa

A. Jechoonni roga "A" jala jiran dubbisicha keessaa bahan. Hiika isaanii roga "B" jalaa filachuun walitti firoomsi.

A	B
1. kalaquu	A. hojjechuu
2. wixinee	B. gahee
3. dalaguu	C. uumuu
4. shoora	D. karoora
5. horatame	E. gonfatame
6. muuxannoo	F. malaammaltummaa
7. loogii	G. kuufama beekumsaa
8. dinagdee	H. bu'uureffatu
9. xiyyeeffatu	I. qabeenya
10. milkaa'uu	J. galma ga'uu
	K. gamnummaa
	L. hir'ate

B. Jechoota armaan olitti roga "A" jala jiraniin hima ijaari.

Fkn.

1. Kalaquu- Dargaggoonni magaalaa Finfinnee hojii kalaquu irratti xiyyeeffatanii hojjechaa jiru.
2. wixinee_____
3. dalaguu_____
4. shoora_____
5. horatame_____
6. muuxannoo_____
7. loogii_____
8. dinagdee_____
9. xiyyeeffatu_____
10. milkaa'uu_____

Yaadannoo

Maqaafi Ibsa maqaa

Maqaafi ibsi maqaa garee jechootaa keessatti ramadamu. Maqaan moggaasa/ itti waamama waan tokkooti. Hima keessatti matima, antimafi akka ibsa maqaatti tajaajiluu danda'a. Ibsi maqaa immoo maqaa yookiin bamaqaa booda galuudhaan waa'ee maqaa yookiin bamaqaa sanaa kan ibsudha.

Maqaan caasluga keessatti hojii isaanii irratti hundaa'uun bakka gurguddoo shanitti qoodamu. Isaanis: Maqaa dhuunfaa

Maqaa gamtaa

Maqaa dimshaashaa

Maqaa killayyaa

Maqaa meeshaa (wantootaa)

Ibsi maqaa akkaataa maqaa ibsuun bakka garaagaraatti qoodamu.Isaanis:

Ibsa maqaa maalummaa
Ibsa maqaa baay'inaa
Ibsa maqaa akeektuu
Ibsa maqaa qabeenyaa
Ibsa maqaa qoodaa
Ibsa maqaa lakkoofsaafi kanneen kana fakkaatan

a. Himoota armaan gadii keessaa jechoota maqaa ta'an jala sararuun agarsiisi.

Fkn. Toltuun dhufte.

1. Inni hoolaa bite.
2. Finfinneen miidhagduudha.
3. Adurreen aannan dhugde.
4. Sangaa guddaan sun gurgurame.
5. Isheen walaloo hedduu barreessite.

b. Himoota armaan gadii keessatti jechoota ibsa maqaa ta'an adda baasii barreessi.

Fkn. Daraartuun rifeensa dheeraa qabdi. dheeraa

1. Obsaan huccuu adii uffate.
2. Badhaatuun barattuu cimtuudha.
3. Bosonni gaaddisa gaarii namaaf ta'a.
4. Tufaan farda boora gulufsiise.
5. Caaltuun mana bal'aa qabdi.

c. Gosoota maqaa himoota armaan gadii keessatti jala sararaman adda baasii barreessi.

Fkn. Hirpheen bishaan buute. Maqaa dhuunfaa

Galataan muka mure. Maqaa gamtaa

1. Magarsaan qaruuraa cabse. _____

2. Garbummaa kan barbaadu hinjiru. _____
3. Uummanni nageenya barbaada. _____
4. Isaan ejersa dhaaban. _____
5. Inni re'oota bite. _____
6. Furgaasaan nama beekaadha. _____
7. Hiyyummaa keessaa bahuuf cimanii hojjachuudha.

d. Gosoota ibsa maqaa himoota armaan gadii keessatti jala sararaman adda baasii barreessi.

Fkn. Yaaddessaan farda magaala bite. Ibsa maqaa maalummaa

1. Ijoolleen sadii hojii manaa hojjatanii hindhufne.
2. Isaan fardeen baay'ee qabu._____
3. Kitaaba kana teessoo irra kaa'i._____
4. Jarri keenya waliigalaniiru._____
5. Kitaabileen hundinuu haaraadha._____
6. Mucayyoo magaala qal'oo sana waami. _____
7. Ati yoom dhufta? _____
8. Gara laafinni kee nama ajaa'iba. _____
9. Isaan lamaanuu obbolaa kooti._____
10. Namni gaariin badee hinbadu._____

Barannoo Shan: Seerluga

Gilgaala 9 : Shaakala Seerlugaa

A. Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif filannoowwan kennaman keessaa isadeebii ta'uu danda'u filadhu.

1. Beekaafi Beektuun Birbirsa Goorootti _____.

   A. dhaalaatan B. dhalatan C. dhalaataan

2. Gaara Inxooxxoo deemnee_____galle.

   A. bashannaanee B. bashannannee C. Bashanaanne

3. Haadha ilaalii _____fuudhi.
   A. intala B. intaala C. intaalaa
4. Abbaan daadhii dhugeef _____afaan hinurgaa'u.
   A.ilimi B. illimi C. ilma
5. Afaan ibsituu_____ti.
   A. enyumaa B. eenyummaa C. eenyuumaa
6. Bishaan _____dhuguun fayyaaf gaariidha.
   A. qulqulluu B. qulquluu C. qulquulluu
7. "Bara hinbeekanii barreet achi_____," jedhan Abbaan Jifaar.
   A. kenya B. keenyaa C. keenya
8. Sareen _____, nama hinciniintu.
   A. dutu B. duutu C. duttu
9. _____n sirna bulchiinsa Oromooti.
   A. Gadaa B. Gadda C. Gaddaa
10. "Maqaan baduu mannaa,_____baduu wayya," jette Goondaan.
   A. maataan B. mataan C. mattaan

B. Fakkeenya armaan gadii irratti hundaa'uudhaan jechoota gaafatamtan shan shan barreessaa.

1. Jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa qaban

Fkn. Gabaabaa	Dheeraa
mana	aadaa
_____	_____
_____	_____
_____	_____
_____	_____
_____	_____

2.Jechoota sagalee laafaafi jabaa qaban

Fkn. Sagalee laafaa	Sagalee jabaa
laga	baddaa
_____	_____
_____	_____

_____ _____

_____ _____

_____ _____

3. Jechoota sagalee irra butaa qaban

Fkn. marga

_____

_____

_____

_____

_____

Yaadannoo

Akka seera Afaan Oromootti dheerachuufi gabaabbachuun sagalee dubbachiiftuu irratti kan hundaa'u yoo ta'u, laafuufi jabaachuun immoo sagalee dubbifamaa irratti hundaa'a. Kana malees, sagaleen irra butaa kan uumamu dubbifamaan gosa adda addaa lama walitti aanee yoo dhufedha.

C. Jechoonni himoota armaan gadii keessatti dhiyaatan seera Afaan Oromoo eeganii kan barreeffaman miti. Kanaafuu, akka seera afaanichaatti walduraa duuba isaanii eegii hima hiika qabu ijaari.

Fkn. Handhuura Finfinneen Oromiyaati.

Deebii: Finfinneen handhuura Oromiyaati.

1. barreesse xalayaan ani.

_____

2. murteessaadha nageenyi misooma biyya tokkoof.

_____

3. qulqullina eeguun naannoo eegama hunda irraa namoota.

_____

4. argama Caffeen Araaraa Finfinneetti.

_____

5. barachuun amalaa fiduudha jijjiirama.

_____

6. guddinaati barumsi hundee.

_____

7. furdise Lammiin sangaa.

_____

8. Tokkummaa qabaannan geenya yaadne bakka.

_____

9. Dharraaneen lukkuu bitte adii.

_____

10. daakuun ani bishaan jaaladha.

_____

D. Fakkeenya armaan olitti hojjette irratti hundaa'uun himoota adda addaa seera afaanichaa eegan shan barreessi.


1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____

Yaadannoo

Birsaga

Birsagni caasaa walta'iinsa dhamsagootaatiin kan ijaaramudha. Caasaan birsagaas seera ittiin bulu qaba. Kunis, sadarkaa birsagaatti, kaayyoon ijaarsa dhamsagoota walfaanommii agarsiisuufi malee hiikaaf miti. Haata'u malee, adeemsicha keessatti birsagni hiika qabeessi argamuu danda'a. Afaan Oromoo

keessatti, birsagni dubbifamaa qofaan hinijaaramu. Akkuma jechaa, jalqabniifi dhumni birsagaa hinjabaatu; irras hinbutamu. Ka'umsiifi cufaan birsaga Afaan Oromoo dubbifamaa yoo ta'u, utubaan immoo dubbachiisaadha. Seera kanarratti hundaa'uun qaamolee birsagaa (utubaa, ka'umsaafi cufaa) irratti amala birsagoota Afaan Oromoo addaan baasuun nidanda'ama. Kanas, caatoo armaan gadiitiin agarsiisuun nidanda'ama.



Seera Birsaga Afaan Oromoo

- Birsagni dubbifamaa qofaan uumamu hinjiru.
- Ka'umsiifi cufaan birsagaa yeroo hunda dubbifamaadha.
- Utubaan birsagaa yeroo hunda dubbachiistuudha.

Gosoota Birsagaa

Ulaagaa utubaatiin birsagni Afaan Oromoo bakka lamatti qoodama.

Isaanis: birsaga salphaafi birsaga jabaa

Birsagni salphaan utubaan isaa dubbachiistuu tokko qofa kan qabu yoo ta'u, Birsagni jabaan immoo utubaa dubbachiistuu gosa tokkoo lama kan qabudha. Ulaagaa cufaatiin birsagni Afaan Oromoo bakka lamatti qoodama.

Isaanis: birsaga cufamaafi birsaga banamaa jedhamu.


Birsagni cufamaan dhuma birsagaa irratti dubbifamaan kan jiru yemmuu ta'u, birsagni banamaan immoo dhuma birsagaa irratti dubbifamaan kan hinjirre

(cufaa kan hinqabneedha.)


Fakkeenya 1. jecha birsaga baay'ina birsagaa

sangaa san-gaa lama

Birsaga 1 san-




Birsaga 2 -gaa



Fakkeenya 2. Jecha Qoqqooddii birsagaa Baay'ina birsagaa

loon loon tokko

loon



E. Jechoota armaan gadii birsagatti qoqqooduun caatoodhaan agarsiisi.

1. barnoota
2. ganama
3. kukkufe
4. bal'ina
5. taa'e
6. barbaachisaa
7. malaammaltummaa
8. Kottoonfachiisuu

F. Gabateen armaan gadii birsaga irratti xiyyeeffata. Kanaafuu, haala gaafatamteen guuti.

Jecha	Birsaga	Baay'ina birsagaa	Birsaga salphaa	Birsaga jabaa
killee				
Odaa				
gammoojjii				
waldorgommii				
bilisummaa				
dhadhaa				
gammachiisuu				
jijjiiramuu				
yoom				
keeyyata				
miidhagduu				

BOQONNAA LAMA

HAMBAA AADAA

Kaayyoowwan: Xumura boqonnaa kanaatti:

- Afee (dubbisa) dhaggeeffachuun yaada nama biroo dhiyaate sirriitti dhaggeeffatta.
- Dubbisa keessaa hiika jechootaa hubatta.
- Yaadrimee waa'ee hambaa aadaa ibsita.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Gaaffilee armaan gadii muuxannoo kee irratti hundaa'uun deebisi.

1. Kallachi maali?
2. Naannoo ati jiraattu kallachi jiraa? Yoo jiraate yeroo akkamii itti fayyadamu?

Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Yaadni armaan gadii dubbisa barsiisaan/-tuun keessan si'a lama isiniif dubbisan irratti hundaa'a. Kanaafuu, sirriitti caqasuun bakka duwwaa kenname irratti jechoota galan guuti.

Kallachi dhiirota luba bahanii jiraniifi _____ _____ /Abbootii Bokkuu aangoo irra jiraniin gaafa _____jilaafi _____ adda irratti hidhatama. Mallattoon isaas _____irreechaa kun addaafi _____akka isaaniif kennuuf mallattoo _____ kan ittiin Waaqa kadhatanidha.


Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Gaaffilee armaan gadiif dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun hiriyoota kee waliin mari'achuun deebii kenni.

1. Kallachi mallattoo maaliiti? Hiikni isaa hoo?
2. Kallacha eenyutu hidhata?

Barannoo Lama: Dubbisuufi Dubbachuu

Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa



Fakkii 1




Fakkii 2



Fakkii 3



Fakkii 4



Fakkii 5

Gaaffilee armaan gadii fakkiilee armaan olii irratti hundaa'uun deebisi.

1. Fakkiilee kanneen argitee beektaa?
2. Fakkiileen kunneen waa'ee maalii ibsu sitti fakkaata?
3. Waa'ee hambaa aadaa maal beekta?
4. Hambaalee aadaa kanneen jedhaman maal fa'i?

Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

Dubbisa armaan gadii callisaan dubbisaa jechoota kennamaniif hiika kenni.

1. hambaa _____
2. Orooroo _____
3. nam-tolchee _____

Hambaa Aadaa

Hambaan aadaa haftee uumamaanis ta'ee nam-tolcheen uumamanii dhalootaa dhalootatti daddarbanidha. Wantoota aadaafi hawaasummaa, ilaalcha addunyaaf qaban, miidhagina ittiin calaqqisiifataniifi dandeettii uumuu isaanii kan ittiin ibsatani. Akkasumas, jiruufi jireenya hawaasummaa, dinagdeefi siyaasa isaanii kan ittiin ibsataniifi gaggeeffatanidha jechuun nidanda'ama. Isaanis: wantoota harkaan hojjetaman, ogummaa aartii, ijaarsa aadaa, duudhaa hawaasaa, meeshaalee mukaa, sibiila, akkasumas albuudota irraa tolfamanidha.

Hambaaleen aadaa haala uumama isaanii irratti hundaa'uun bakka lamatti qoodamu. Isaanis: wantoota uumamaan Waaqni (Uumaan) namaaf uume, garuu hawaasichi akka hambaa isaatti ofitti fudhatee akka addunyaa isaa, keessa isaa wantoota sana waliin bifaan, halluun, bocaan, jabina, laafinaafi kanneen kana fakkaatan walbira qabuun keessa isaanii ibsachuuf itti fayyadamu. Inni biraan immoo hambaalee aadaa nam-tolchee hundeen isaanii kennaa Waaqaa yookiin uumaa ta'anii, garuu hawaasni tokko akka isaaf tolutti ogummaa hojii harkaa qabuun bocee, bifa isaa jijjiiree jiruufi jireenya isaa ittiin gaggeeffata

Hambaaleen aadaa uumamaanis ta'e nam-tolcheen hawaasni dhimma itti bahaaas ga'e kanneen akka: Kallachaa, Caaccuu, Cokkuu, Alangaa, Gaachana, Orooroo, Siinqee, Teessoo, Nyaata Aadaa, Uffata Aadaa, Ijaarsa Manaa (Masaraa Abbaa Jifaariifi Masaraa Kumsaa Morodaa), Dirree Sheek-Huseen, Holqa Soof-umar, Sirna Gadaa, Hora Finfinnee, Ardaalee Jilaafi kanneen kana fakkaatan maqaa dhahuun nidanda'ama.Hambaaleen aadaa madda adda addaa haaqabaatan malee, jiruufi jireenya uummata Oromoo keessatti faayidaaleefi hiikkawwan adda addaa qabu; wantoota adda addaas bakka bu'uudhaan seenaa, siyaasaafi falaasama hawaasichaa ibsuu keessatti gahee guddaa qabu. Hambaaleen kunniin akkaataa hawaasni tokko naannoo isaa keessatti itti jiraatu, akkaataa hawaasa biroo waliin jiraatu,akkaataa hawaasummaa isaa ittiin ibsatu calaqqisiisa. Haaluma kanaan, bu'aawwan hojii uummataa kan biroon haala uummatichi itti jiraatu ibsuu, dhaloota haaraa waa'ee uummatichaa barsiisuu, namoota waa'ee seenaafi aadaa uummatichaa qorataniif akka ragaatti fayyaduu, gurguramaniis ta'ee daawwatamanii galii argamsiisuu fa'i.

Walumaagalatti, hambaaleen aadaa kuufama seenaafi aadaa uummata tokkoo waan ta'aniif, of eeggannoo barbaachisaa ta'e taasisuun akka madda odeeffannoofi ragaa ta'anii kunuunfamanii dhalootaaf darban gochuun murteessaadha.

Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

A. Dubbisa armaan olitti dhiyaate irratti hundaa'uun himoota yaada sirrii ta'e qaban "Dhugaa" kan yaada sirrii hintaane qaban immoo "Soba" jechuun deebisi.

1. Hambaaleen aadaa kuufama seenaafi aadaa uummata tokkoo calaqqisiisu.
2. Gaachanni hambaa aadaa uumamaan namaaf kennamedha.
3. Hambaaleen aadaa jiruufi jireenya uummata Oromoo keessatti hiikawwan adda addaa qabu.
4. Hambaaleen aadaa ofumaan dhalootaa dhalootatti waan darbaniif xiyyeeffannoo hinbarbaadan.

5. Hambaaleen aadaa uummata abbaa qabeenyaa ta'e qofa fayyadu.
6. Hambaaleen aadaa daawwatamaniis ta'e gurguramanii faayidaa qabu.

B. Gaaffileen armaan gadii dubbisa irratti hundaa'u. Akka dubbisichaatti filannoowwan dhiyaatan keessaa deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Jechi " Isaanis" jedhu keeyyata tokkoffaa keessatti maal ibsa?
   A. Ogummaa aartii B. Hambaalee aadaa
   C. Hawaasummaa D. Hunda
2. Faayidaa hambaalee aadaa kan hintaane kami?
   A. Galii argamsiisa . B. Jiruufi jireenya hawaasichaa calaqqisiisa.
   C. Madda qaroominaati. D. Deebii hinqabu.
3. Hambaaleen aadaa maal irraa hojjetamuu danda'u?
   A. muka B. sibiila C. albuuda D. Hunduu deebiidha.
4. Siinqeen maal irraa hojjetama?
   A. gogaa B. migira C. muka D. suphee
5. Holqi Soof -Umar eessatti argama?
   A. Baalee B. Boorana C. Harargee D. Gujii

Qajeelfama Sirna Falmii

1 Falmiin mata duree yookiin yaada walfaallessu lama irratti adeemsifama.
2. Yaadonni lamaanuu adda addaan deeggartoota qabu.
3. Kaayyoon falmii tokkoo gareen lamaanuu yaadni isaanii akka fudhatama argatuuf ragaalee amansiisuudhaaf isaan gargaaru dhiyeessuudhaan mormanii amansiisuudha.
4. Falmiin qindeessaa tokkoofi abbootii seeraa sadii qabaachuu danda'a.
5. Abbootiin seeraa yaadolii amansiisoo ta'an kan gara lamaaniiyyuu dhiyaataniif loogii malee qabxii kennu.

6. Gareen lamaanuu yemmuu walfalman mirga falmitootaa osoo hindhiibne yaaduma dhiyaatu qofa fashalsiisuuf carraaquu qabu.
7. Falmii keessatti obsaan waldhaggeeffachuun yaada garee nuun falmu qayyabannee yaada isaa fashaleessuuf nugargaaru filachuun dhiyeessuu qabna. Seera eeguus nita'a.
8. Yaada kee yommuu ibsitu duraa duuba isaa eeguufi yaada loojikiidhaan fayyadamuu hindagatiin.
9. Falmiin kan gaggeeffamu mo'uudhaafi. Mo'udhaaf dhugaadha kan jettu sana ragaalee amansiisoo ta'aniin deeggartee dhiyeessuun barbaachisaadha.

C. Qajeelfama sirna falmii gargaaramuudhaan mata dureewwan armaan gaditti isiniif kennaman irratti lama lama ta'uun hiriyoota keessan waliin falmii gaggeessaa.

1. Beekumsa moo maallaqatu caala?
2. Baaburaan deemuu moo konkolaataan deemuutu caala?
3. Baadiyyaa jiraachuu moo magaalaa jiraachuu wayya?

Barannoo Sadii: Barreesssuu

Gilgaala 7: Shaakala Barreessuu

A. Akka yaada dubbisichaatti gaaffilee armaan gadiif barreeffamaan deebii kenni.

1. Himni ijoo keeyyata jalqabaa maali?
2. Faayidaalee hambaa aadaa barreessi.
3. Hambaalee aadaa kanneen jedhaman tarreessaa.
4. Hambaaleen aadaa dhaloota dhufuuf akka darban maaltu hojjetamuu qaba?
5. Ergaan dubbisa dhiyaatee maali?

Yaadannoo

Barruu Amansiisaa

Barruun amansiisaa akaakuu barruu keessaa tokko ta'ee, yaada ofii namoota biroo fudhachiisuuf, yaadaan mo'atanii yookiin yaada namoota biroo gara yaada ofiitti fiduuf gargaara. Barreessaan dubbistoota amansiisuudhaaf tartiiba ifa ta'een ragaalee adda addaatti dhimma baha. Barruu amansiisaa yemmuu barreessinu jalqaba yaada amansiisuuf yaallu sana ijoo barruutiin ibsina.

B. Mata dureewwan armaan gadii keessaa tokko filachuun barruu amansiisaa keeyyata afur qabu barreessii dareef dubbisi.

1. Miidhaa Tamboo Xuuxuu
2. Jimaa Qaamuu
3. Karoora Maatii Fayyadamuu
4. Barachuufi Daldaluu

C. Yaadota armaan gaditti jalqabaman xumuruun himoota guutuu taasisi.

1. Fedhashiin barattuu cimtuu waan turteef, _____.
2. Qabeenya uumamaa kunuunsuun, _____.
3. Aadaafi seenaa ofii beekuun _____
4. Barattoonni naamusa gaarii qabaachuu _____.
5. Malaammaltummaan kufaatii dinagdee addunyaa keessatti _____.
6. Tokkummaa qabaachuun, _____.
7. Abbaan Gadaafi Haati Siinqee hawaasa keessatti _____
8. Barnoonni guddina biyya tokkoof _____
9. Barattoonni daree keenyaa yeroo boqonnaa isaaniitti _____.
10. Namni jabaatee hojjete _____.

Barannoo Afur: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 8: Shaakala Hiika Jechootaa

A. Jechoota roga "A" jala jiran hiika isaanii kanneen roga "B" jala jiraniin walitti firoomsi.

A	B
1. dungujee	A. gamna, abshaala, qaruuxee
2. malaaluu	B. jireenya
3. seexaa	C. haaloo
4. giidoo	D. ajaa'ibsiisuu, dinqisiisuu
5. hallaanyaa	E. beektuu
6. malqa	F. qarqara
7. labata	G. dhalattuu, finna
8. leetoo	H. haamilee
9. haxxee	I. dhuunfaa, gulummaa
10. gadoo	J. dandeettii, humna
	K. dhimma
	L. dhaloota

B. Jechoota armaan gaditti kennaman keessaa filachuudhaan bakka duwwaa guuti.

karra ija qabxii shararaa

sirbe irree saffisaa nama

1. Irreechi_____keenya.
2. Abdiifi Bashaatuun waan cimanii qo'ataniif _____gaarii galmeessan.
3. Sa'a abbaan gaafa cabse, ormi_____balleessa.
4. Guddinni magaalaa Finfinnee_____jira.
5. Baaburri ariitiidhaan _____jira.

6. “Maalan jira caccabsee na nyaate jiraa,” jedhee _____Artisti Hacaaluu Hundeessaa.
7. Finfinneen_____seensaa shan qabdi.
8. Utuu wanti jedhan jiruu, akka itti jedhan _____dhiba.

Barannoo Shan: Seerluga

Gilgaala 9: Shaakala Seerlugaa

Yaadannoo

Gochimaafi Gochibsa

Gochimni hojii hojjetame tokko yookiin gocha raawwatame tokko kan agarsiisudha. Gochimoonni galumsa keessatti dhuma irratti argamanii hima guduunfu. Tajaajila isaanii giddugaleessa godhachuun gochima bakka adda addaatti qooduu dandeenya. Isaanis: gochima darboo, gochima ta’umsaa, gochima mitidarboo, gochima gargaartuufi kanneen kana fakkatanidha.

Fkn. 1) Inni uffata bite.

Amansiisaan mana ijaare.

Himoota armaan olii lamaan keessatti kanneen gurraacheffamanii barreeffaman gochimoota darbeeyyiidha. Kunis, gochi raawwatame matima irraa gara antimaatti darbuu agarsiisa.

Fkn. 2) Haati koo daldaltuudha.

Guddataan barataadha.

Himoota armaan olii keessatti gochimoonni jiran maalummaa matimaa ibsu. Isaanis gochima ta’umsaa jedhamu.

Fkn. 3) Hoolaan duute.

Mul’ataan deeme.

Himoota olii keessatti gochi raawwatame matima irratti hafe. Gochimoonni akkasii mitidarboo jedhamu.

Fkn. 4) Inni buna dhugaa jira.

Isheen seenaa Gabayyoo Gurmuu barreessaa jirti.

Himoota armaan olii keessatti gochimoota ijoo (muummee) "dhugaafi barreessaa" jedhan gargaaruun hennaafi kanneen kana fakkaatan agarsiisuuf kan oolan gochimoota "jira"fi "jirti" kanneen jedhaman gochimoota tumsituu yookiin gargaartuudha.

Gochibsi immoo gocha dura galuudhaan raawwii gochaa ibsa. Gochibsi akaakuu garaagaraa qaba. Isaanis: gochibsa akkaataa, gochibsa yeroo, gochibsa bakkaa, gochibsa irra deddeebii, gochibsa sadarkaa, gochibsa gaaffiifi kanneen kana fakkaatan fa'i.

Fkn. Gochibsa akkaataa: Inni ariitiin deema.

Gochibsa yeroo: Dagaagaan iftaan dhufa.

Gochibsa bakkaa: Inni Dirree Dhawaa jiraata.

Gochibsa irra deddeebii: Isheen guyyaa guyyaan biddeena tolchiti.

Gochibsa sadarkaa: Isaan baay'ee ariifatu.

Gochibsa gaaffii: Inni yoom dhufa?

Gochibsa meeshaa: Isheen konkolaataadhaan deemte.

A. Fakkeenya kenname hordofuun himoota armaan gadii keessaa gochima baasii barreessi.

Fkn. Taliileen eelee bitte. bitte

1. Qajeelaan waggaa waggaan Hora Finfinneetti irreeffata.
2. Hacaaluun waa'ee gootota Oromoo sirbe.
3. Oromoon gootota qaqqaalii qaba.
4. Haroon Wancii bakka bashannanaa waan ta'eef, yoom daawwanna?
5. Dubbiin kee lafa hinbuutu.
6. Adurreen aannan dhugde.

7. Hawwineen mana guddaa ijaarte.
8. Roobaan hojii manaa hojjete.
9. Horaan loon horsiise.
10. Isheen asoosama dubbiste.

B. Gochimoota armaan gadiitti fayyadamuun himoota ijaari.

rafe	deeman	bocan
utaalte	saalfate	tumte

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____

C. Fakkeenya kenname hordofuun himoota armaan gadii keessatti kanneen gochibsa ta'an jala sararuun gosoota isaanii adda baasii barreessi.

Fkn. Hawwiin <u>suuta</u> dubbatti.	<u>Gochibsa akkaataa</u>
1. Fayyisaan kaleessa dhufe.	_____
2. Odaan Garaadoo eessatti argama?	_____
3. Garasuu Dhukii Maaruutti dhalate.	_____
4. Laliseen jarjaraan deemte.	_____
5. Boontuun guyyaa guyyaan asoosama dubbisti.	_____
6. Afaan Oromoo barachuu kootti baay'een gammade.	_____
7. As koottumee!	_____

D. Gaaffilee armaan gadiif qubee deebii sirrii qabate filachuun deebisi.

1. Kanneen armaan gadii keessaa himni gochima darbeeyyii hinqabne kami?

A. Inni dibbee rukute. B. Aduun nama gubdi.

C. Jaldeessi boqqoolloo nyaate. D. Isaan foon muran.

2. Gochima gargaartuu kan qabu kami?

A. Horaan xaafii haame. B.Isaan kitaaba dubbisan.

C. Ayyaaneefi Malkaan Finfinneetti mana ijaaran. D. Inni deemee jira.

3. Gochima faaldarbeeyyii kan qabu kami?

A. Hantuunni duute. B. Inni qonnaan bulaadha.

C. Gurmeessaan sanyii facaase. D. Waraabessi harree nyaate.

4. Himoota armaan gadii keessaa kamtu gochibsa qaba?

A. Inni dhufe. B. Qananiin kaleessa Adaamaa deemte.

C. Ayyaantuun deemte. D. Hunduu deebiidha.

5. Isheen ariitiin deemte. Hima kana keessatti kan jala sararame maali?

A. Gochibsa bakkaa B. Gochibsa akkaataa

C. Gochibsa yeroo D.Gochibsa meeshaa

E. Akkaataa ajajamteen hojjedhu.

1. Himoota gochima darbeeyyii qaban sadii barreessi.

a) _____

b) _____

c) _____

2. Himoota gochima faaldarbeeyyii qaban sadii barreessi.

a) _____

b) _____

c) _____

3. Himoota gochima ta'umsaa qaban sadii barreessi.

a) _____

b) _____

c) _____

4. Himoota gochima gargaartuu qaban sadii barreessi.

a) _____

b) _____

c) _____

Yaadannoo

Hennaa

Gochi tokko yeroodhaan raawwatama. Kunis gocha amma raawwatamu, gocha kanaan dura raawwatameefi gara fuulduraa raawwatamu ta'uu danda'a. Gochi kanaan dura raawwatame (raawwima darbeennaa, tarsiqaafi darbeennaa), gochi amma raawwatamu (raawwima ammeennaa, amsiqaafi ammeennaa), gochi gara fuulduraa raawwatamu (murannaafi murannaala) jedhamuun beekamu.

Hennaa Ammeennaa

Hennaan ammeennaa gosoota henna keessaa tokko yoo ta'u, kanneen armaan gadii of keessaa qaba.

1. Hennaa ammeennaa
2. Hennaa amsiqaa
3. Hennaa raawwima ammeennaa

1. Hennaa ammeennaa: Gosoota hennaa keessaa hennaan ammeennaa isa tokko yoo ta'u, gochoota haala armaan gadiin raawwataman ibsa.

- Gocha yeroo mara dhugaa ta'e.

  Fkn. Bishaan malee jiraachuun hindanda'amu.

- Gocha gara fuulduraa raawwatamu ta'ee, kan yeroon raawwii isaa murtaa'e.

  Fkn. Rabbirraan gara Sabbataa nideema.

- Gocha yeroo mara raawwatamu.

  Fkn. Isheen galgala galgala kitaaba dubbisti.

- Gocha haala amma jiru ibsudha.

  Fkn. Harmeen koo lagaa bishaan waraabdi.

2. Hennaa Amsiqaa: Hennaan amsiqaa gocha hinraawwatamne yookiin yeroo gabaabaafis ta'e yeroo dheeraaf raawwatamaa jiran mul'isa.

Fkn. Laaqana keenya nyaachaa jirra.

Leelliseen sirbaa jirti.

3. Hennaa Raawwima Ammeennaa: Gocha yeroo darbe keessa raawwatamee xumurame, garuu bu'aan isaa immoo amma mul'atu agarsiisa.

Fkn. Margaan uffata bitatee jira.

Nuti Gaara Cilaaloo daawwannee jirra.

F. Himoota armaan gadii keessaa hennaa ammeennaa,amsiqaafi raawwima ammeennaa addaan baasii barreessi.

1. Inni deemaa jira.
2. Isheen torban torbaniin bakka bashannanaa deemti.
3. Isaan yeroo mara nimari'atu.
4. Inni fiigee jira.
5. Turaan ganama ganama fuula dhiqata.
6. Nuti Afaan Oromoo barachaa jirra.
7. Galaanaan dawaa gurguraa jira.
8. Hawwiifi Jaalanneen biyya Jarman deemaa jiru.
9. Abiddi niguba.
10. Arfaaseen harmee ishee hojii gargaartee jirti.
11. Kuulaniin barattoota qo'achiisaa jirti.
12. Firdiisaan gaagura hidhee jira.

G. Akkaataa fakkeenya siif kennameetiin himoota hennaa ammeennaa agarsiisan sadi sadii barreessuun dareef dhiyeessi.

Gocha yeroo mara dhugaa ta'e

Fkn. 1. Biiftuun Bahaan baati.

a. _____.

b._____.

c._____.

Gocha gara fuulduraa raawwatamu ta'ee, kan yeroon raawwii isaa murtaa'e

Fkn. 2. Disaasaan ganamaan mana barumsaa deema.

a. _____.

b. _____.

c. _____.

Gocha yeroo mara raawwatamu

Fkn.3. Gammadaan ni utaala.

a._____.

b. _____.

c._____.

Gocha haala amma jiru ibsudha.

Fkn. 4. Abbaan koo Caffee Aannanii jiraata.

a. _____.

b. _____.

c. _____.

H. Akkaataa fakkeenya siif kennameetiin himoota hennaa amsiqaa agarsiisan afur barreessuun dareef dhiyeessi.

Fkn. Isaan biqiltuu dhaabaa jiru.

a)_____

b)_____

c)_____

d)_____

I. Akkaataa fakkeenya siif kennameetiin himoota hennaa raawwima ammeennaa agarsiisan sadi sadii barreessuun dareef dhiyeessi.

Fkn. Inni lafa qotee jira.

a) _____

b) _____

c) _____

d)_____

Yaadannoo

Qub-guddeessa

Seera barreeffama Afaan Oromoo keessatti qubee gurguddaafi xixiqqaan haala itti barreeffaman qabu. Kunis, jecha yookiin hima keessatti seera barreeffamaa eeganii fayyadamuun barbaachisaadha. Qubee gurguddaa jalqaba himaa irratti kan fayyadamnu yommuu ta'u, jechoota keessatti immoo maqaa dhuunfaa, maqaalee biyyootaa, magaalaawwan, ardiilee, laggeen, tulluuwwan, haroowwaniifi kanneen kana fakkaataniif jalqaba irratti fayyadamna. Akkasumas, maqaa afaanotaafi maqaalee amantii jalqaba himaa irratti, bo'oo haaraa walaloo, guyyoota torbanii, ji'oota waggaafi ayyaanota bebbeekamoo, jecha jalqaba mallattoo waraabbii keessa jiruufi kanneen kana fakkaatan keessatti qub-guddeessa gargaaramna.

J. Himoonni armaan gadii dogoggora qub-guddeessaa qabu. Haala sirrii ta'een barreessi.

1. manni barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa tokkoffaa gullalleetti argama.

_____

2. Gaarreen baalee, dirreen sheek huseen, holqi soof umar, horri finfinnee iddoowwan hawwata tuurizimiiti.

_____

3. Biyyoonni kanneen akka itoophiyaa, jibuutii, gaanaa, sudaan, keeniyaafi maaliin afrikaa keessatti argamu.

_____

4. "garbummaa hiddaan buqqifna; dadhabnu ilmaan itti guddifna," jedhe Jeneraal Waaqoo Guutuu.

_____

5. fulbaanni, onkololeessiifi sadaasni waqtii birraa keessatti ramadamu.

_____

6. makoo biliin dhalatee kan guddate tulluu irreessaa bakka jedhamutti.

_____

7. daraaraa, boontuufi sabboontuun barattoota kutaa 8 ffaati.

_____

8. Bariiteefi eebbiseen dilbata ganamaan ka'anii gara malkaa ateetee deeman.

_____

9. Odaa roobaa, odaa nabee, odaa bisil, odaa bultumiifi odaa bulluq bakka oromoon seera itti tumatudha.

_____

10. ayyaanni irreechaa, ayyaanni ateetee, ayyaanni ifaanoofi kanneen biroo ayyaanota beekamoo uummata oromoo biratti kabajamanidha.

_____

BOQONNAA SADII
DUUDHAALEE DHALA NAMAA

Kaayyoowwan: Xumura boqonnaa kanaatti:

- Afee (dubbisa) dhaggeeffachuun barreeffamicha nimadaalta.
- Yaadrimee duudhaalee dhala namaa ibsita.
- Namoota biroo wajjin waliin dubbii gaggeessita.
- Caacculee duudhaalee dhala namaa adda baasta.
- Barruu madaalchisaa keeyyata afur qabu barreessita.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Gaaffilee armaan gadii hubannoo duraan qabdu irratti hundaa'uun deebisi.

1. Amanamummaan maali?
2. Jiruufi jireenya hawaasaa keessatti faayidaa amanamummaan qabu ibsi.

Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Dubbisa barsiisaan/-tuun keessan yeroo lama isiniif dubbisan dhaggeeffachaa jechoota bakka duwwaa armaan gadii keessatti galuu danda'an guuti.

Bara durii_____ fi _____mana tokko keessa waliin jiraatu jedhama. Jaldeessi qofaa isaa gara itti goru dhabee _____fi _____osoo_____bokkaa guddaan roobee _____dhaamsee lolaan yaa'ee _____ hantuutni seente sanatti _____achi keessatti hantuuta sana ajjeese. Egaa, "_____," kan jedhaniif kanumaafi.

Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun jechoota armaan gadiif hiika kenni.

1. gumbii _____
2. miixachuu _____
3. cubbuu _____
4. hirachuu _____
5. goru _____

Barannoo Lama: Dubbisuufi Dubbachuu

Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mari'achuun deebii kennaa.

1 Naannoo jiraattanitti nama rakkate yoo argitan maal gootu?

2. Namoonni waliin jiraachuuf maal gochuu qabu?

3. Duudhaan maali?

Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

Dubbisa itti aanu dubbisaa osoo jirtuu jechoota kennamaniif hiika isaanii tilmaami.

1. sona
2. safuu
3. yaadrimee
4. dagachuu

Duudhaalee Dhala Namaa

Duudhaaleen dhala namaa yaadrimee dhokataa uummanni jiruufi jireenya isaa ittiin gaggeessuuf sammuu isaa keessaa maddisiisudha. Kunis, sammuu nama dhuunfaa keessaatti muuxannoo hawaasa keessa turaniin kan uumamu, garuu hawaasa biratti kan beekamu obsaafi amala gaarii dhala namaa kan calaqqisiisudha. Duudhaaleen dhala namaa karaalee adda addaa ilaalama. Kunis, amalaan, mirgaan, naamusaan, safuu, safeeffannaafi kanneen kana fakkaatanidha.

Namoonni garaagarummaan gidduu isaanii jiru kamiyyuu nama ta'uu isaaniitiin walqixa ilaalamuu qabu. Kunis saalaan, umriin, bifaan, amantiin, gosaafi ilaalchaan walcaalmaa osoo hinuumiin bakka hundatti akkaataa duudhaa hawaasaatiin akka
kabajaman kan taasisudha. Hawaasni tokko duudhaa barbaadu hunda qabaachuun murteessaadha. Garuu, duudhaalee qabu kan hincimsanne yoo ta'e, hiika dhabeessa ta'uu danda'a.

Dabalataanis, duudhaalee dhala namaa kanneen jedhaman: hawaasummaan jiraachuu, walgargaaruu, waldanda'uu, amanamummaa qabaachuu, iftoominaan jiraachuu, safuu eeguufi walkabajuu fa'a. Sona aadaa keessatti namoonni aadaa naannoo isaanii beekanii kabajuu qabu. Fakkeenyaaf, warri quxisuun angafoota isaanii, abbaafi haadha, maanguddootaafi nama kamiyyuu faana walkabajuun sonawwan beekamuu qabanidha.

Hawaasa Oromoo biratti duudhaaleen dhala namaa faayidaa garaagaraa qabu. Rakkoolee hawaasummaa hiika, dinagdee, siyaasaafi amantii waliin walqabatan kan to'atu, tokkummaa hawaasaa kan cimsu, jiruufi jireenya isaa ittiin gaggeessuuf kan ittiin walqajeelchu, walkabaju, uumaafi uumama safeeffatudha.

Walumaagalatti, duudhaan dhala namaa seera Waaqaatti buluu, ulfina waliikennuu, walkabajuu, walgorsuu, walgargaaruufi kanneen kana fakkaatan waan ta'eef, sona aadaa ofii dhiisanii aadaa ormaa hordofuun barbaachisaa miti.

Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Dubbisa armaan olitti dubbiste irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii barreeffamaan deebisi.

1. Duudhaalee dhala namaa yoo xiqqaate, sadii barreessi.
2. Faayidaan duudhaalee dhala namaa maali?
3. Karaalee duudhaaleen dhala namaa dhalootatti darban ibsi.

4.Wantoonni duudhaalee dhala namaa irratti dhiibbaa geessisan maal fa'i?

5. Ergaan dubbisichaa maali?

Barannoo Sadii: Barreesssuu

Gilgaala 7: Shaakala Barreessuu

A. Waa'ee barruu boqonnaa lama keessatti baratte irratti hundaa'uun mata duree "Duudhaalee dhala namaa," jedhu irratti barruu amansiisaa/ madaalchisaa keeyyata afur qabu barreessi.

Yaadannoo

Gabaajeefi Kottoonfannaa

Gabaajeen mala barreeffama dheeraa gabaabsanii barreessuu yoo ta'u, jechoota irraa qubee jalqabaa funaanuun barreessudha. Gabaajeen yemmuu barreeffamu qubeewwan funaanaman qub-guddeessa fayyadamuun barreeffama. Qubeewwan funaanaman gidduu mallattoon tuqaa galuus dhiisuus nidanda'a.

Fkn. Waldaa Misooma Oromiyaa W.M.O

Dhaabbata Fayyaa addunyaa Dh. F.A

Waldaa Qaxxaamura Diimaa Addunyaa W.Q.D.A

Kottoonfannaa: Kottoonfannaan mala jecha dheeraa gabaabsanii barreessuu ta'ee jecha dheerate keessaa qubee muraasa filachuun barreessuudha.

ykn. hub. Fkn

B. Barreeffama armaan gadii gabaajeedhaan kaa'i.

1. Biiroo Barnootaa Oromiyaa
2. Waldaa Misooma Oromiyaa
3. Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa
4. Waldaa Barsiisota Oromiyaa
5. Lakkoofsa Saanduuqa Poostaa

Barannoo Afur: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 8: Shaakala Hiika Jechootaa

A. Himoota armaan gadii keessatti hiika jechoota jala sararamanii barreessi.


1. Abbaan Bokkuu jila Buttaa Qaluu gaggeesse.
2. Guyyoon maatii isaa irraa handhuuraa fudhate.
3. Oromoon meeshaalee Ulfoo baay'ee qaba.
4. Seenaan barattuu qaxaleedha
5. Doktor Hayilee Fidaa guddina Afaan Oromootiif carraaqqii guddaa taasise.
6. Bakka yaadne ga'uuf, xurree hayyootaa hordofuu qabna.
7. Isaan hojii gaarii waan hojjetaniif namni maqaa isaan dhaha.
8. Maanguddoon madda beekumsaati.
9. Isaan araddaa isaanii irraa hinfagaanne.
10. Baay'iseen hojii hojjettu irratti mamii hinqabdu.

B. Jechoota roga "A" jala jiraniif hiika faallaa isaanii kanneen roga "B" jala jiraniin walitti firoomsi.

A	B
1. haxxee	A. godeettii
2. bareedduu	B. gowwaa
3. qaalii	C. dura
4. subii	D. bushaa
5. kalaa'uu	E. fagaachuu
6. teellaa	F. dhara
7. haqa	G. galgala
	H. imaanaa
	I. barii

C.Fakkeenya maappii hiika jechootaa isiniif kenname irratti hundaa'uun jechoota waliin deeman fudhachuun akka fakkeenyatti kaa'i.

Fkn.



Yaadannoo

Jecha Tishoo

Jechoonni hiika adda addaa qaban lama yookiin lamaa ol qindaa'anii jecha hiika adda ta'e qabu tokko uumu. Jechi uumame sun jecha tishoo(diigala) jedhama. Jechoonni tishoos garee jechoota adda addaa irraa kan uumaman yoo ta'u, sarara xiqqaan walitti hidhamanii yookiin gargar bahanii barreeffamuun yaadrimee tokko ibsu.

D. Fakkeenya armaan gaditti kenname hordofuudhaan jechoota tishoo jaha barreessuun hima ittiin ijaari.

Fkn. Saree + diida = Sardiida

Sanbata + guddaa= Sanbata guddaa

Baadiyyaa deemnee sardiida argine.

Daraartuun Sanbata guddaa dhalatte.

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____

6. _____

E. Hibboowwan armaan gadiif deebii kenni.

1. Godoon gamaa balballi ishee lama.
2. Harkaan facaasanii ijaan funaanu.
3. Wajjumaan nyaannaa, maaliif huuqqatta?
4. Miila afur qabaa, danda'ee laga hince'u.
5. Waa jaha diniqa.
6. Ilkaan hinqabduu, dheedhii nyaachuu hindadhabdu.
7. Haati raafuu funaantii, intalli sal'oo utaalti.
8. Ulee abbaan koo naaf mure hincabus; hin badus.
9. Kan shantamni dhaabe, shantamni hin buqqisu.
10. Sangaan gaafa dalgee bookkisaa kana darbe.

F. Mammaaksota armaan gadiif hiika kan ta'u filadhu.

1. Maqaan baateefi karaan baate hindeebitu.
   - A. Jarjaraan re'ee hinhoru.
   - B. Roobus caamus ijji missiraa lamuma.
   - C. Osoo qotiyyoon hiniyyiin qacceen iyya.
   - D. Dubbiin afaanii baheefi aannan muchaa bahe hindeebi'u.
2. Erga waraabessi darbee sareen dutti.
   - A. Ganna darbe mana hinjiaaran.
   - B. Gaabbiifi eegeen booda deemti.
   - C. Eeboo darbatanii jinfuu hinqabatan.
   - D. Hunduu deebiidha.
3. Mixiin walqabatteet laga ceeti.
   - A. Akka abaluun sirbaan morma nama jallisa.
   - B. Waliigalan alaa galan.
   - C. Qunceen walgargaartee arba hiiti.
   - D. Bfi C'n deebiidha.

4. Malaan bishaan waadu.
   A. Gowwaan bishaan keessa dhaabatee dheebota.
   B. Tufanii hinarraaban.
   C. Baraafi furguggee gadi jedhanii jala darbu.
   D. Namni ganna baasan manaa nama baasa.
5. Namni dhadhaa afaan kaa'an dhagaa afaan nama kaa'a.
   A. Waa cabsan waa cobsan.
   B. Namni karaa dabarsan gara nama dabarsa.
   C. Bishaan darbe hinwaraaban.
   D. Hunduu deebiidha.
6. Mi'a walfakkaatu walbiratti fannisu.
   A. Hidda malee xannachi hindhiigu.
   B. Bara bofti nama hidde lootuun afaan namatti banti.
   C. Boolla hattuu hattuutu beeka.
   D. Hiriyaa malee dhaqxee gaggeessaa malee galte.
7. Akka abaluun sirbaan morma nama jallisa.
   A. Abbaan iyyatu ollaan birmata.
   B. Waan qabaniin gabaa bahu.
   C. Tafkiin hamma humna ishee utaalti.
   D. Bfi C'n deebiidha.
8. Nama beekaa badu, waamichi hindeebisu.
   A. Kan beekaa mugu, waaman hindhagahu.
   B. Garaan gadde imimmaan hinqusatu.
   C. Kan akka walii jaala waliiti.
   D. Kan humni ishee citaa hinkunne afaan ishee shiboo kuta.
9. Yoo bulte nibulloofti.
   A. Obsaan aannan goromsaa dhuga.
   B. Waan baraa ilma baraatu beeka.
   C. Biyyi ofii kafana.
   D. Bofa garaa isaa ilaalee miila isa dhowwate.

10. Akkeessaa tafkii, injiraan utaaltee tafaa cabdi.

A. Ofiinuu duuti maaliif of huuti.

B. Akka abaluun sirbaan morma nama jallisa.

C. Sinbiraaf lubbuudha ijoolleedhaaf tapha.

D. Harreen waldhiitti malee ilkaan wal irraa hincabsitu.

Barannoo Shan: Seerluga

Gilgaala 9: Shaakala Seerlugaa

Yaadannoo

Maxxantoota

Maxxantoonni qaama jechaa ta'anii jecha yookiin hundee jechaa irratti maxxanuun tajaajila garaagaraa kan kennanidha. Hundeen jechaa qaama jechaa kan erga fufiileen jecha irraa bahanii argamu ta'ee, yaadrimee jechaa kan baatudha. Akkasumas, qaama jechaa kan fufiilee ofirraa hinqabne, fufachuuf qophaa'aa ta'edha. Maxxantoonni hundee jechaa irratti maxxananii galanis kophaa isaaniitti dhaabatanii hiika hinqaban. Afaan Oromoo keessatti iddoo itti maxxanan irratti hundaa'uun maxxantoota duraafi boodaa jedhamuun bakka lamatti qoodamu. Taajaajila kennaniinis maxxantoonni danooma agarsiisan

A. Jechoota armaan gadii irraa maxxantoota baasii barreessi. Maxxantuu duraa yookiin boodaa ta'uu isaaniis ibsi.

Fkn. beeyladoota ____ -oota __maxxantuu boodaa

1. gale _____
2. waljaalatu _____
3. gaangolii _____
4. waatilee _____
5. ijoollummaa _____
6. dheerina _____

7. diimtuu _____
8. alloogummaa _____
9. haabeekan _____
10. qalattan _____

B. Jechoota armaan gadii irratti maxxantoota danoomina agarsiisan dabaluun danoomsi.

Fkn. Saree = Saroota goota= gootota

Jaarsa = jaarsolii muka = mukeen

1. laga _____
2. farda _____
3. barattuu _____
4. lammii _____
5. ogeessa _____
6. jabbii _____

C. Fakkeenya kenname irratti hundaa'uudhaan wixinee (hundee) jechaa jechoota armaan gadii baasii barreessi.

Fkn. nyaachise	nyaat-
namummaa	nam-
kunne	kut-
deemsise	deem-
bareedduu	bareed-

Jechoota	Hundee jechaa
1. barsiise	_____
2. ijaare	_____
3. eebbisiise	_____
4. binne	_____
5. furdise	_____
6. ceesise	_____

7. ka'umsa _____

8. gamnummaa _____

9. yaalchise _____

10. gargaaran _____

11. ficcisiisan _____

12. jibbisiise _____

C. Bamaqaaleefi jechoonni gabatee armaan gadii keessatti tarreeffaman waliin deemuu isaanii mallattoo (√) fayyadamuun mirkaneessi.

Bamaqa-alee	deemte	bitate	dubbisan	beekte	kabaje	deeggarte	callifne
Inni							
Isheen							
Isaan							
Ati							
Nuyi							
Ani							